MAATII

LABSII ADDUNYAAF DARBE

Geggeessaa Jalqabaa fi Yaa'ii Ergamoota Kudha Lamaanii Kan Waldaa Yesus Kristos Qulqulloota Guyaa Boodaa

Nuyi, geggeessaan jalqabaa fi Yaa'iin Ergamoota Kudha Lamaanii kan Waldaa Yesus Kristos Qulqulloota Guyyaa Boodaa, gaa'illi dhiiraa fi durbartii gidduutti raawwatamu Waaqayyoon kan hundeeffame ta'uu isaa akkasumas maatiin giddu-gala karoora Uumaa hiree jireenya bara baraa inni ijoollee Isaatiif kaa'e akka ta'e kabajaan nii labsina.

Ilmaan namaa hundinuu—dhiiraa fi durbartiin—akka fakkaattii Waaqaayyootti kan uumamaniidha. Tokkoon tokkoon isaanis ilmaan yookiin intaloota jaal'atamoo hafuuraa warra waaqa irraati, akkasumas, akkasittiin, tokkoon tokkoon isaanii uumama waaqummaa fi hiree qabu. Saalli amala barbaachisaa nama dhuunfaa jireenya ammaan duraa, du'aa, akkasumas eenyummaa isa kan bara baraatii fi kaayyooti.

Jireenya isa adunyaan duraa keessaatti, ijoolleen durbaa fi dhiiraa hafuuraa Waaqayyoon akka abbaa isaanii isa bara baraatti isa beekanii akkasumas waaqeffachaa turani, akkasumas ijoolleen isaa karoora isaa isa qaama foonii argachuu fi muuxannoo biyya lafaa irratti akka argatanii gara mudaa malee argamuutti of fooyyessuudhaan akkasumas dhuma irratti isaan jireenya bara baraa akka hiree waaqummaa isaaniitti warra dhaalan akka ta'aniif karoora isa isaan taasisu fudhatanii turani. Karoorri gammaachuu waaqummaas walitti dhufeenyi awwaala bira darbee akka itti fufu nii heyyama. Sirnoonni fi waadaawwan qulqullaa'oon mana qulqullummaa keessatti argamanis namoonni dhuunfaa gara fuula Waaqayyootti akka deebi'aniif, akkasumas maatiin bara baraan akka tokko ta'aniif isaan in dandeessisa.

Abboommiin inni jalqabaa Waaqayyo Addaamii fi Hewwaaniif kenne akka abbaa manaa fi haadha manaatti warra ta'uu danda'uu isaanii kan ilaallatu ture. Nuyi abboommiin Waaqayyo inni ijoollee isaa akka baay'atanii fi lafa irra akka guutaniif kenne hojii irra akka oolu nii labsina. Nuyi humni qulqulluun dhalchuu dhiiraa fi dubartii gidduutti qofa raawwatamuu akka qabu, akka abbaa manaa fi haadha manaattis karaa seera qabeessa ta'een yoo wal-fuudhan ta'uu isaa Waaqayyo akka abboome itti daballee nii labsina.

Nuyi jireenyi inni du'u karaa isaan ittiin uumamanis waaqummaadhaan kan murtaa'an akka ta'an nii labsina. Nuyi qulqullummaa jireenyaa fi karoora Waaqayyoo isa bara baraa keessa barbaachisummaa jiru nii mirkaneessina.

Abbaa manaa fi haati manaa sirriitti wal-jaal'achuu fi wal-kunuunsuuf akkasumas ijoollee isaaniitiifis itti gaafatamummaa guddaa qabu. "Ijoolleen kennaa Waaqayyooti" (Faarfannaa 127:3). Maatiinis ijoollee isaanii karaa jaalalaa fi gaarummaan akka guddisaniif, fedhii foonii fi hafuuraa isaaniif waan barbaachisu guutuu, akka walii isaanii jaal'atanii fi wal-tajaajiluu, abboommii waaqayyoos akka eeganii, fi bakka jiraatan kamitti iyyuu lammiilee seera kabajan akka ta'aniif barsiisuun dirqama qulqullaa'aatu irraa eegama. Abbootiin manaa fi haadholiin manaa—Abbootii fi haadholiin yoo dirqama kana raawwachuu baatan isaaniif fuula Waaqayyoo duratti in gaafatamu.

Maatiin waaqayyoon kan hundeeffameedha. Gaa'illi dhiiraa fi durba gidduutti taasifamu karoora isaa isa bara baraatiif barbaachisaadha.
Ijoolleenis hidhaa gaa'elaa keessatti dhalachuuf, akkasumas isaan abbaa fi haadha waadaa gaa'elaa amanamummaa guutuudhaan kabajaniin guddifamuuf mirga qabu. Jireenya maatii keessatti gammachuun kan argamu maatiin barsiisa Yesus Kristos irratti yoo ijaarame qofadha. Gaa'iloonni fi maatiiwwan milkaa'oo ta'an amantiidhaan, kadhannaadhaan, yaada garaa geeddarachuudhaan, dhiifamaan, kabajaan, jaalalaan, gara laafinaan, hojii fi sagantaa bashanansiisoo gaarii ta'an irratti hundaa'uun kan hundeeffamuu fi kan eegamuudha. Akka karoora waaqummaatti, abbootiin maatii isaaniif dursanii jaalalaa fi qajeelummaadhaan geggeessuu qabu akkasumas waantota isaan barbaachisan hundumaa dhi'eessuu fi eegumsa barbaachisu gochuuf dirqama qabu. Dirqamni haadholii adda durummaadhaan nyaata ijoollee isaanii to'achuudha. Itti gaafatamummaa qulqulla'aa kana keessatti, haadholii fi abbootiin akka michuutti dirqama wal-deggeruu wal-qixxummaadhaan nii fudhatu. Hir'ina qaamaa, du'i yookiin sababa haalota kan birootiin guddifachaa fudhachuun barbaachisuu nii danda'a. Yeroo barbaachisaa ta'ee argametti firoota dhi'ootii fi maatiiwwaniif deggersa kennuun isaan irra jira.

Warri waadaa seera qulqullinaa cabsan kami iyyuu, abbaa manaa yookiin ijoollee isaanii miidhan, yookiin itti gaafatamummaa maatii isaanii warri hin ba'in gaaf tokko fuula Waaqayyoo duratti akka itti gaafataman nuyi nii akeekachiifna. Dabalataan, diigamuun maatii akka nama dhuunfaatti, akka hawwaasaa fi akka biyyaatti karaa raajoota durii fi kan ammaatiin badiisota dubbatamanii turan waan fidaniif nuyi nii akeekkachiifna.

Nuyi lammiilee itti gaafatamummaa qabanii fi qondaaltonni mootummaa bakka hundatti argamtan tarkaanfiiwwan maatii akka kutaa bu'uura hawaasaatti eeguu fi cimsuuf qophaa'an sana akka guddistaniif waamicha isiniif in dhi'eessina.

Labsiin kun Prezidaantii Gordon B. Hinckley kan ta'aanin akka kutaa ergaa isaaniitti wal-ga'ii Walii galaa gumii wal-gargaarsa dubartootaatiif Fulbaana 23, 1995, Magaalaa Salt Lake, Yutah keessatti geggeefame irratti kan dubbifameedha.

Unofficial poster layout of the text published on churchofjesuschrist.org. Not an official publication of The Church of Jesus Christ of Latter-day Saints. Generated by Urim, urim.samuelbaird.com